# Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti ramadaana irraa kurneessituu dhumaa keessa iitikaafa seenaa tureani, eegasii immoo haadholiin manaa isaanii booda isaaniitii iitikaafa seenaa turani

Aa'ishaa haadha Mu'umintootaa haadha manaa Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-kan taate irraa akka odeeffametti -Rabbi ishee irraa haa jaallatu-: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti ramadaana irraa kurneessituu dhumaa keessa iitikaafa seenaa tureani, eegasii immoo haadholiin manaa isaanii booda isaaniitii iitikaafa seenaa turani.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Haati Mu'uminaa Aa'ishaan -Rabbi isii irraa haa jaallatu- nabiyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ramadaana irraa kurneessituu boodaa keessa halkan qadrii(halkan sadarkaa qabdu) barbaachuuf jecha haala dhaabbataa ta'een iitikaafa seenaa akka turan himte, hanga Rabbiin lubbuu isaanii fuudhetti haala kana irratti itti fufani, haadholiin manaa isaaniis -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- boooda isaaniitii haala dhaabbataa ta'een iitikaafa seenaa turani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee